# Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu-: Ganama Ganama akkas jedhan ture: «Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina» yeroo galgalaa immoo akkana jedhan: «Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina» yeroo tokko immoo akkas jedhan: «Deebin garuma keeti».

[hasani]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo jalqaba guyyaa isaanif bari'e akkas kan jedhan ta'an: (Yaa Rabbi siin bariisifanne) eegumsa kee keessa jiraataa, qananii kee keessatti cuuphamaa, zikrii kee irratti bobba’aa, maqaa keetin gargaarsifataa, towfiiqa keetiin hammatamaa, malaa fi humna keetiin sochoo’aa, (siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna) galgala jedhamuu waliin akkuma jechota armaan duraa fakkaata, ni jedhan: siin galgaleeffanne, maqaa kee isa jiraachisaa ta'een jiraanna, maqaa kee isa ajjeesaa ta'een immoo ni duuna, (garuma kee deebina) Du’a booda ka’uu, walitti qabamuu booda addaan bahuu,, haalli keenya yeroo hundumaa haala kanaan itti fufa, haalota hafan gonkumaa irraa hin fagaadhus hin dhiisus. Salaata Asrii booda galgala yeroo ga’anis akkana jedhan: (Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina) Deebi'uun addunyaa tana keessatti, gara dhumaatti deebi'uunis, simatu na jiraachisa, simatu na ajjeesa.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5490

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee